Amantii Kiristyaanaa Haaqayyabannu

Tajaajila Kristiyaanaa LHM - Itoophiyaa

Kutaa 1ffaa
Barumsa 3ffaa

Waaqayyo Eenyuu?

1. Waa'ee Waaqayyoo attamitti beekuu dandeenya?

Karaa eenyummaa Waaqayyoo ittin beekuu dandeenyu

A. Umama ajaaibsiisaa fi umamichi sirnaan waliin jiraachuusa. Umamnni hedduun kumaa kitilatti lakka'aman fakkenyaaf biqiltuuwwan, Bineensota, Albuudawwan fi K.K.f. akkanumaan kan argame miti, kan isaan umeefi sirnaan akka jiraatan humna taasisee ni jira.
Bantiiwwan waaqaa Ulfina Waaqayyoo himaa jiru, ... M. Faarfannaa 19:1 Roome 1:20 Qolasiyaas 1:15

B. Sammuu-Balleessaafi dogangora hojjennuuf yaadnni keenya nu ceephaa humnni balleessaa (Daddarbaa) keenya arguufi ceepha'u jira. Innis humna nuu ol ta'e Waaqayyoodha. Roome 2:15

C. Macaafa Qulqulluu:- Waaqayyo eenyu akka ta'e fi nuufis maal akka godhe nuuf ibsa. Innis karaa sadan tokkummaa (Sillaasee) jechuun Abbaa, Ilma, hafuura qulqulluudha.

Umamaafi sammuun keenya maalummaa Waaqayyoo nuuf ibsu, macaafnni qulqulluun immoo eenyummaa Waaqayyoo nuuf ibsa.

Manni illee adduma addaan nama tokkoon ni ijaarama inni wanta hundumaa ijaaree garuu Waaqayyoodha Ibr. 3:4
<u>Dabalataan</u>:- Ergamoota 17:24 Qor 2ffaa 3:17

2. Waaqota meeqatu jira?

Macaafnni qulqulluun kan nutti himu waaqa bara baraan mo'ee jiraatu inni qofaan waaqefamuun kan isaaf ta'u waaqa dhugaa tokko qofatu jira. Innis isa sadan tokkummaatiin beekamu waaqa Abbaa Waaqa Ilma, Waaqa hafuura qulqulluudha. kristiyaanonni waaqa sadan tokkummaa waaqa tokko jedhanii waaqefatu. Haata'u malee akkuma beekamufi macaafa qulqulluu keessattis akkuma eerame waaqolii tolfamaan ni jiru, seenaa keessattis saboonni waaqolii tolfamaa hojjetanii waaqolii sobaa tiif sagadaa akka turan ragaan ni ibsa kunis faallaa sagaleefi abboommii Waaqayyooti.

... Gooftichi waaqayyo keenya kophaa isaa gooftaadha - Maarqoos 12:29

Dabalataan:- S. Keessadeebii 4:35:6:4 Qor 1ffaa 8:4 Efesson 4:6

3. Waaqolii tolfamoon humna maalii qabuu?

Waaqalii tolfamoon hundinuu xura'oofi humna seexanaatiin kan hojjetaniidha, seexanni immoo carraa argate hundumaan ilmaan namoota waaqa isaani akka hin waaqefanneef isaan dogongorssa. Humni gooftaa keenya Iyesus kristoos garuu humna seexanaa (Diinaa) irra daran (baayyee) kan caalu waan ta'eef nu fayyisuuf qofa utuu hin ta'iin humna hafuura xura'aas burkuteessuudhaaf dhufe.

..... Inni gara Waaqatti yeroo ol ba'e, boojuu booji'ee dhaqe, namootaafis kenna kenne " .. Efessoon 4:8 **Dabalataan:**- Luqaas 4:18-19 Qolasiys 2:10 Mull'ata 19:1

4. Waaqa sadan tokkummaa waaqa tokkomoo waaqota sadii?

Sadan tokkummaa jechuun tokkummaa sadanii jechuudhaa kana jechuun sadanuu tokkummaa waaqummaatiin beekamu isaan waaqa tokko malee sadii miti. Kanaaf kristiyaanonni dhuga ba'umssa amanti isaani keessatti sadan tokkummaatti kan amanan. Mata duree kana irratti namootni gaafiilee baayyee ni gaafatu, barumsichis ni ulfaata kanaaf yaada namootaa caalaa sagalee Waaqayyoo haaqalbifannu, dubbii waaqayyo dhaga'uun hundumarra ni caala.

Eegaa dhaqaa maqaa, maqaa abbaatifi ilmaatti kan hafuura qulqulluuttis ... Maatewos 28:19

5. Ga'een Hojii Sadan tokkummaa tokko tokkoon maali?

Waaqayyo abbaan biyya lafaa kan uumefi kan ishe eeguudha- Hundumtti keenya abbaa tokkicha qabnna mitiiree.... Miilkiyaas 2:10

Waaqnnifi biyyi lafaa sagalee Waaqayyootiin akkuma umaman.... Ibroota 11:3/ S.Umamaa 1:2 Pheexiroos 3:5-6

Waaqayyo Ilma-Biyya lafaa kana cubbuurra, dua bara bararraa, akkasumas aboo diyaabiloosirraa kan oolchateedha.

Kun ilma koo isa ani jaalladhu ... Yohaanis 1ffaa 1:7

Dabalataan: - Galaatiyaa 4:4-5 Ibroota 2:14 Maarqoos 10:45 Ximotewos 2ffaa 1:10, Qor. 1ffaa 15:57 Yohaannis 3:16

Waaqayyo hafuura qulqulluu- Qulqulleessaadha/ Qulqulluun immoo isaaf adda ba'uudha, kunis amanuudhaan jireenya hafuuraatti guddachuudhaan ta'uu danda'a.

Akkasumas namni hafuura Waaqayyootiin geggeeffamu.... Qor. 1ffaa 12:3
Qor 1ffaa 2:14 Efesoon 2:8-9 Roome 10:17 Yohaannis 3:5-6 Roomee 8:9, Yohaannis 3:16

6. Waaqayyoon eenyutti fakkeesina?

Macaafni qulqulluun waa'ee eenyummaa waaqayyo nutti hima, dandeetti (ga'umssa) isa fi amala isa nuuf ibsa.

Innis,

A. Bara baraan jiraataa ta'uusaa/ Jalqabaafi dhuma kan hin qabnne ta'uusaa /Faar. (90):2 " Gaaronni Utuu hin dhalatiin lafti guutummaan biya lafaas utuu hin argamiin .... ati Waaqayyoodha.

B. Kan injijjiiramnne - Hindulloomu sagaleefi kakuun isaas hin jijjiiramu. Ati garuu isuma sana, waggoonni kees dhuma hin qaban ... Faar 102:27

C. Hundaa kan danda'u ta'uusa
.... Kun namootaaf hin dandaamu, Waaqayyoof garuu wanti hundinu ni dandaama .... Maatewos 19:26

D. Hunduma kan beeku.
.... Gooftaa ati waan hundumaa in beekta ... yohaannis 21:17

E. Iddoo (Bakka) hundumaatti kan argamu
... Iddoo hundumaattis waan argamuuf..... Ermiyaas 23:24

F. Qulqulluufi mudaa kan hin qabnne ta'uusa ... Ani Waaqayyo gooftaan keessan qulqulluu akkuman ta'e.... S.Leewotaa 19:2

G. Tolaa, qajeelaa fi Looga maleessa ta'uusaa ... Inni kattaa jabaadha wanti inni godhus mudaa hin qabu karaan isa hundinuus qajeelaadha. S.Keessadeebii 32:4

H. Amanamaafi kan insochoone ta'uusaa, yoo nuyi amanamoo ta'uu dhaabaanne, ... Ximootewos 2ffaa 2:13

I. Gara laafessa, arjaa, ho'a qabeessa fi waan gaarii ta'e hunda kan namootaaf yaadu.
Waaqayyo nama hundumaaf gaariidha. Faar. (145):9

J. Dhiifama kan namaaf godhu, kan nama jaallatu, araara qabeessa ta'uusa. .... Waaqa ho'a qabeessa fi araara qabeessaa ... Faarfannaa 86:15

Waaqayyo geggeessaa fi eegaa keenyaa kanaaf eenyummaasa maal akka fakkaatu fi amalasa beekuun jireenya amantii keenyaaf barbaachisaadha.

Xumura Kutaa 1 ffaa Barumsa 3 ffaa

Gaaffiiwwan kana afaaniin deebisuuf yaali, yoo sirakkise barumsicha keessa deebii ilaali.

Deebiicha yemmuu ati nuuf ergitu nuyis qabxii kee barumsa itti'aanu duukaa siif ergina. Gooftaan si haa'eebbisu.

Gaaffii Barumsa 3ffaa

1. Ibsa armaan gaditti kennaman kan sirrii ta'erratti mallattoo (√) kaa'i.
   ( ) A. Umamani ajaa'ibsiisan eenyummaa Waaqayyoo mul'su.
   ( ) B. Macaafni qulqulluun waa'ee eenyummaa Waaqayyoo fi karaa fayyinaa inni nuuf qopheesse hima.

2. Kutaa Macaafa qulqulluu isa addaan cite kana fullaasi yohaannis 4:24 Waaqayyo _____dha kan isaaf sagadanis _____ fi _____isaaf sagaduun in ta'af.

3. A. Waaqayyoo waaqa tokkicha ta'uusa kan ibsu kutaa macaafa qulqulluu barreesi.

   _____

   _____

   _____

   B. Waaqayyo waaqummaa sadaniin mul'achuusa kan ibsu kutaa macaafa qulqulluu ibsi

   _____

   _____

   _____

4. Ga'ee hojii waaqa abbaa barreessi (Kan ijoo ta'an qofa)

   _____

   _____

   Ga'ee hojii waaqa ilmaa bareessi (Kan ijoo taan qofa)

   _____

   _____

   Ga'ee hojii waaqa hafuura qulqulluu (Kan ijoo taan qofa)

   _____

   _____

5. Waaqayyo bara baraan jiraata yemmuu jennu maal jechuu akka ta'e ibsi

_____

_____

_____

6. Macaafni qulqulluun waa'ee Waaqayyoo kan ittinibsu keessaa sadii bareessii.

a. _____

b. _____

c. _____

7. Yohaannis 3:16-irratti barreeffama kenname xumuri.
Waaqayyo akkasitti tokkicha_____

_____

_____

8. Jechoota armaan gadii walitti firoomsi

__ Waaqa abbaa	A. Umama Umuufi fedhii namootaa guutuu
__ Waaqa Ilma	B. Amantii akka qabannuufi gara wangeelaatti waamuu
__ Waaqa hafuura qulqullu	C. Nuyi jireenya bara baraa akka argannu iddo keenya nuuf dhiphate

9. Kutaa Machaafa qulqulluu kana xumuri. Faar- 86:15
Ati garuu yaa gooftaa

waaqa_____

_____

_____

Maqaa _____

Lakk _____

Teessoo _____

To'ataa _____